# 35-B. NIKODEMO

## Yohana 3:1-21 (ammalle Henna 21:4-9)

Guyya tokko Yesoni guyya guutu Yerusaleemu keesati barsiisaa oolee, Jilti Pasakallen ya d'iyaate. Lafti galgalloomnan inni fula bultii deeme. Dukkana keessa namichi tokko isa argu d'ufe. Maqaan isa Nikodemo. Inni durdeemtoota Yahudii keessa nam tokko. Nikodemon akkan issaan jed'e, "Rabbi, nu imbeenna aka atini qaallu gara Waaqati d'ufe; wonti akanatiifi nami tokoleeni akheekha atini tolchitu kana dandae intolchu, yo Waaqi isa woliini jiraate male."

Yesoni waan jed'eeni, "D'uguma, waan anini siini jed'u, Yo nami maro lameeso d'alate male, dandae Finna Waaqa inargu."

Nikodemoni waan jed'eeni, "Nami akami dandae d'alata, eegi jaare? Dandae maro lameeso garaa haad'ati deebie ind'alata?"

Yesoni waan jed'eeni, "D'uguma, waan anini siini jed'u, Yo nami bisaanifi Lubbuuni d'alate male, dandae Finna Waaqa inargatu. Nafi nafa d'ala, Lubbuuni lubbu d'alti. Waan anini, Maro lameeso d'alachu maltani siini jed'eefi himmamiini."

Nikodemoni waan jed'eeni, "Wonti kuni akami dandeete taati?" Yesoni waan oduu Israelii isaati hime, akka Musani gumii Waaqa lafa gammoji keesati qajeelche.

Gaafasi gumiin Israeli Waaqaa ajajamu didde, duuba Waaqi bofa heddu erge, bofi kaani guddo nam nyaate. Nami hedduuni d'ukkubbi hedduun gaargale, kha gari fayya d'abe kha gari indue. Duuba gumiin Israelii Waaqati boote, "Nu qarqaari!" jette. Jennaan Waaqi waan Musani tahu male iti hime. Inni waan jed'eeni, "Bofa sibiila irra mid'aassi, mukha d'eera irra khaayi. Duuba mukha d'eera suni jiddu gumii khaayi. Nami bofi iddu ch'ufti, ha bofa mukha d'eera gubba jiru laaluti, duuba inni induu." Duuba akkasuma taate.

Jennaani Yeson waan Nikodemon jed'e, "Akuma Musani lafa gamoojiti bofa fannise, akasuma Ilma Nama fannisu malani, aka nami isa d'ugefatu ch'ufti jireenna hegeri argatu. Wonti akanatiifi Waaqi guddo lafa jaalate, tanaafi Ilma ufi tokocha namaa kenne, aka nami isa d'ugefatu tokoleeni imbanne, ammo jireenna hegeri argatu. Nami isaati d'ugeefatu mura jala hinjiru, ammo nami isaati hind'ugeefanne ammayyu mura jala jira waan maqa Ilma tokkocha Waaqati hind'ugeefatiniif."

**<u>QAJEELUMSA BARNOOTA</u>**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u>: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Baafamu jechuuni maan jechuu?

**<u>ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.</u>**

**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha:-**

**Waan YESO nu maan baranna? Kara kamiini akka Yeson Waaqa argina?**

- **Oduun tunini akka Waaqi (Yeson) jabaa maanin garsiifti? (Humna ch'ufaayu hinqaba, wonti ch'ufti harka isa kees jirti, inni ch'ufaan olii ammalle guddaa).**
    - Waaqi jabeenna onneeni jijiiru qaba.
    - Waaqi gumii Israelii ta mata jabaate duisaan adaabe.
    - Inni bofa iti erge akka bofi worra Israelii iddu.
    - Inni kara worri bofa guddo nama iddu suni irra baafame jala bauuni kenneefi.
    - Inni jabeenna gumiini onne haaraa argatuun kenneefi, akkas jechuuni, akka worri baafama argatu.
    - Inni jabeenna jireenna hind'umanne namaa kennuuni qaba.
- **Oduun tunini kara kamiini akka Waaqi (Yesoni) waan ch'ufa beekhu garsiifti?**
    - Yesoni waan Nikodemon fed'e imbeekhe.
    - Waaqi onne gumi Israeli ta gungumte beekhe ammalle kara worra adaabe daandi araarama galiisati deebisulle imbeekhe.
    - Waaqi bifa onne nama ch'ufa imbeekha.
- **Oduun tunini kara kamiin akka Waaqi (Yeson) qulqulloo garsiifti? ( Akka inni kha d'ugaa, akka inni abba seera, akka inni ch'ubbu jibbu, akka inni gati ch'ubbuu duisan baasu) kara kamiin?**
    - Waaqi gumii Israelii ta gungumte inadaabe waan worri mata jabaatefi.
    - Worra kara baafama Waaqi namaa kennuti d'ugeefachu didu haga duisa qorani marro huji worra hamtuutif. Worri ibsee diduu dukkana kees jiraata.
- **Oduun tunin kara kamiin akka Waaqi (Yeson) abba naasu garsiifti? (jaalalaafi, naasufi, arjooma inni ch'ubbaaleyii qabu, akka inni namaan haasau). Akkamiin?**
    - Karaan baafama marro lammeeso d'alachuu, hafuura keesa lammo d'alachuu. Waaqa ch'allati waan kana tolchuu dandaa.
    - Waaqi kara baafama gumii Israeliiti mid'aasse ato marro gunguumsuufi d'ugeefacha d'abiisa worraatifi, dooti worraa malteellee.
    - Waaqi akka ch'ubbaaleyiin Yeso, Ilma Waaqati d'ugeefate, himbanne ammo jireenna hind'umanne argattu kara mid'aasefi.
- **Oduun tunini kara kamiin akka Waaqi (Yeson) kha d'ugeefatame garsiifti? (akka inni hinjijiiramne, kakhuu ufii guutu, akka inni waan jed'u tolchu) Akkamiin?**

- Yeesoni kakhu Sanyii niiti keesa baatu inguute (Uumama 3:15), kha duiisa dabsatu.
- Yeson kakhuu Abrahamuu gale ta kara Sanyii isaatini gosa ch'ufa eebisa jed'e inguute (Uumama 12:3).
- Wold'aqiisa Dullacha keessa Waaqi pichaa Baasaa gumii isaatii kakhate. Bofi sibiila diimaa kha lafa gammoojii keesati olfuud'an, kha nami isa laalu chufti adaaba ch'ubbuu irra baafamu picha qulqullitii Yeso marro ch'ubbaleyiitifi Fannoti olbae garsiifti. Worri Fanno d'ugeefachaan "laalu" imbaafama. Waaqi oduu kitaaba guutu keessati oduu guddo tokko irraati hojjachaa d'ufe, sulleeni akka nama baasu.

**<u>Oduu tan keessa, waan NAMA maan baranna?</u>**

(Fakkeenna. Inni Waaqa duraati gati guddo qaba; inni ch'ubbicha; inni ufi baasufi qarqaarsa tokolle hinqabu.)

- Waaqi guddo nama jaalate ilma isa tokkocha erge akka inni namaa du'u.
- Nami ch'ubbicha. Mata jabeenni nama Waaqan gargari isa baase. Gumiin Israelii gungumsuu worraatini Waaqan morkite.
- Nami ufi baasu hindandau. Gumiin Israelii ufi baasu hindandeenne. Akkasuma, ch'ubbichi hafuur kees ufi baasi dandau hinjiru. Yo lammeesso d'alate male, jabeenna hafuuratin yo d'alate male.
- Eefi jigaansa, nami ifse irra dukkana jaalate marro hujii worra hamtuutifi. Worri yo ch'ufa ifsee irra baqate.

**<u>Oduu tana irra waan BAAFAMA maan baranna? (Akka nami gara Waaqa d'ufu)</u>**

(Fakkenna: Nami fed'iifi yaada Waaqa ch'allaan dandae Waaqati d'ufa. Inni d'ugeefachaa fi araara galiisan Waaqati d'ufuu male akka bafamu).

- Baafami kara Waaqi kenne ch'allaati abdachuuni argama. Gumiin Israelii bofa fannisaan kha Waaqi kenne laalte, daandi Waaqati d'ugeefate. Ch'ubbaaleyin ch'ufti abdi worra Yeso irra keeyachuu malte, kha marro gati ch'ubbutifi fannoti irraati olbae.
- Nami marro lammeesso d'alachuu male. Inni akka araara gale Yesoti abdachuu male akka kara Hafuura QulqulLutuini jijiirama onnee argatu.
- Marro lameessoo d'alachuuni duisa hafuura irra gara jireenna hafuura deemu jechuu.

**<u>Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani</u>** :

- Akkuma gumiin Israelii ta mata jabaate bofa sibiila diiman mid'aasan laaltu, nulleen akkasuma d'ugaafachaan fanno Yeso laalle baafama arganne ammalle jabeesine isaati hirkachuu malle. Karaan nu ila teenna Yeso irra kaafanuuni kami?

- Jireenna keenna keesati maantu si qora? Oduun tunini yo nu qorsumma kees baanu karaa kamiini nu qarqaarti?

**Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):**
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- Kristaan, jireenna keesan keessati maantu akka isani **ila d'ugeefachaa teesani akka fidaa?** Atin maan araara galuu malte akka tola eebba Waaqa dansaati hirkattu?
- Atin ya **marro lammeesso d'alatte?** Waaqi ya onne tante jijiire akka atini ch'ubbuu tante argite Baasan sii feesisu? Yo akkas hintain, atin dandeette nama Kristo d'ugeefate tokko waliini, jireenna ufii Kristooti kennachuuni maani akka taate, waliin qoodad'a.
- Ch'ubbu tami yokhaan jigaansa kamiiti guyya ch'ufa si qoruuti jira? Oduun tunini kara kamiini gara si jabeesiti?